Prince William County
PUBLIC SCHOOLS
Providing A World-Class Education

OROMO

kabajamoo warra/guddisaa/ftuu:

Ati fi maatiin kee miseensa hawaasa adda addaa bakka afaan dhibba tokkoon ol ta'an keessatti dubbatamu keenya kanaa waan taataniif gammachuun nutti dhaga'ama. Manni barnootaa Prince William Kaawuntii Manneen Barnootaa Uummataabarattoota kamiif iyyuu kennuu isaa baay'isee jaalata *Barnoota sadarkaa addunyaa gitu.*Adeemsa isa san keessatti waliin hojjechuun maatii waan murteessaa ta'u illee, warri fi guddiftootni barattootaa akka hubatanii fi barnoota ijoollee isaanii keessatti qooda fudhatan odeeffannoo bu'uraawaa kennuu keenyan nuti ni gammadna.

Meeshaaleen barnootaa hundi kan kennaman afaan Ingiliffaatin ta'a; Haa ta'u malee, nuti irra deddeebinee odeeffannoo fi ragaalee ijoo ta'an afaan yeroo baay'ee naannoo keenyatti gaafatamaa jiranitti hiikuu keenya itti fufna.

Dubbattootni afaan baay'ee ta'anii odeeffannoo faaydaa qabeessa fi dhaabbidhaan fooyya'an irraa karaa weeb saaytii lamaan Prince William Kaawuntii Manneen Barnootaa Uummataa pwcs.edu fi weeb saaytiiwwan mana barnootaa dhuunfaa irraa bu'aa argachuu danda'u. Hundinuu meeshaa afaan hiiktuu Google iddoo ol'aanaa qabu of keessaa qabuun gosa afaanii 50 ol ta'aniif tajaajila hiika afaanii muraasa ta'e kennaa jira. Hiikni afaanii kompiitaraan raawwatamu yeruu baay'ee guutuu miti, garuu amma illee odeeffannoo mana barnootaa faaydaa qabeessa ta'e kennaa jira. Mana kee keessa koompiitara argachuuf carraa hin qabdu yoo ta'e, ati isa mana kitaabaa hawaasaa kam iyyuu keessatti argamu tokko fayyadamuu dandeessa.

Kan bay'isee barbaachisu, Gareen mana barnootaa dubbattootni baay'een afaan adda addaa carraa hiiktota afaanii ogummaa qabanii akka argatan haala mijeessuun galmeewwan Odeeffannoo barbaachisaa waa'ee mirgoota, itti gaafatamummaa, waan isaan irraa eegamuu fi dhimmoota biroo mana barnootaa waliin wal qabatee fi bu'aalee fi tajaajila barattootni argachuu danda'anii akka hubatan ni godha. Walga'iiwwan maatii irratti waa'ee dhimmoota kanneenii yaadni tokkoon nama kamiitiyyuu kan fudhatamee fi hubatame ta'uu isaa amansiisuuf hiiktootni afaanii gargaaruu danda'u. Tajaajilawwan kunniin maatiif kan kennaman kaffaltii tkko malee dha.

DR. STEVEN L. WALTS
Superintendent of Schools

P.O. BOX 389, MANASSAS, VA 20108 • WWW.PWCS.EDU

Gargaarsa ati barbaaddu argachuuf maloota kanneen keessaa kam iyyuu fayyadami.

- Toora (onlaayinii) irraa gara weebsaaytii translations.pwcs.edu deemi.
- Ati ofii keetii- mana barnootaa daa'ima keetii qaaman daawwadhu. Namni afaan ati dubattu beeku argamuun isaa hamma kana amansiisaa miti. Haa ta'u malee hojjetaan si gargaaruuf jecha poostarii ni fayyadama.

Dhimmoota hunda keessatti, kanneen armaan gadi akka ati kennitu ni gaafatamta.

- Maqaa kee fi maqaa daa'ima keetii;
- Mana barnootaa daa'ima keetii, kutaa isaa, fi maqaa barsiisaa isaa;
- Nama dhuunfaa ati isa waliin dubbachuu barbaaddu, fi mata duree waa'ee ati mari'achuu barbaaddu (maqaa yookin hojii isaatin) fi
- Lakkoofsa bilbila keetii fi yeroo ati irra caalaatti itti argamuu dandeessu.

Yoo daa'imti kee ergaa waamicha walga'ii mana barnootaa irraa fidee dhufe; Yookin yoo ati barsiisaa yookin ooggantoota mana barnootaa biroo waliin mari'achuu barbaadde, hiiktuu afaanii marii faaydaa qabeessa ta'e kana irratti sigargaaru gaafatachuuf maloota armaan olii fayyadami. Yeroo dhihoo danda'amaa ta'e keessatti namni ta'e tokko si qunnamna.

Si'aayinaan hirmaachuun kee barnoota daa'ima keetii irratti garaagarummaa pozatiivii uumuu danda'a, tajaajilawwan kanneen si biraan ga'uuf si gargaaruuf nuti fedhii qabna. Xalayaan kun ifaaf ifatti garaa kuteenyummaa manni barnootaa Prince William Kaawuntii Manneen Barnootaa Uummataa sii fii daa'ima keetif qabu akka siif ibse nuti abdii qabna. Barataa kamiif iyyuu barnoota sadarkaa addunyaa gitu kennuun hawwii keenya ta'uu isaa akka ati qooddattu abdii kooti.

Dhugumatti,

Dr. Steven Walts
Suupparvaayzara ol'aanaa manneen barnootaa

*Yeroo pwcs.edu daawwattutti, addunyaa halluudhan miidhage (COBE) ilaaluudhaan fuulota odeeffannoo qaban ergaa kana keessatti ibsaman bakka isaanii hubadhu.